# Kitaaba Zakaariyaasii Raagichaa

## Seensa

Kitaab Zakaariyaasii raagichaa kutaa lamatti qoodameera: 1. Foora 1-8 ka jiru dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi diddamaa haga woggaa dhibba shanii fi kudhanii saddeetiititti, yennaa adda addaa keessatti raaga Zakaariyaas raage ka qabateeru. Raagoti kun irra caalaa akka mudhi'iititti ka dhikaatane te'anee, waan haareffamiisa Yerusaalemii, waan deebifamee ijaaramiisa Galma Waaqaa, waan qulqulloomiisa kolbaa Waaqaatii fi waan bara Masiihii gara duraa dhufu'uu jiruu dubbata. 2. Foora 9-14 ka jiru ergaa marroo Masiihii gara duraa dhufu'uu jiruutii fi marroo muraa muumme'ee dubbata.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Ergaa ifi eeggachiisiisaatii fi addi'ii*1:1–8:23*

Muraa kolbaa ollaa Israa'elii irratti murantu*9:1-8*

Mooticha gara duraa dhufuu fi nageya gara duraa*9:9–14:21*

### *Mootiin Waan Maraa Kolbaan Isaa Gara Isaa Akka Deebitu Waame*

1 Bara Daariyos mootii te'ee woggaa
lammeesso'oo, ji'a saddeetesso'ootitti jechi Mootii
Waan Maraa gara Zakaariyaasii raagicha ilma
Baraakiyaa akaakoo Iddoo dhufee,

2 «Mootiin Waan Maraa, abbootii teessanitti gud-
doo aareeraayyu.
3 Tanaaf, ati isaaniin, ‹Mootiin Waan Maraa
Ka Waan Mara Dade, «Gara kiyya deebi'a'a!»
jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade;
Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Anille
gara keessan hin deebi'a» jedha› jedhiin.
4 Isin akka abbootii teessan ta durii, ta raagoti
durii, ‹Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Karaa keessan hamaa irraa, hujii teessan han-
tuu irralle'ee deebi'a'a!» jedha› jedhanee adoo
isaanitti himanuu, na dhage'iisa yookiin naaf aja-
jamiisa dhabane sanii hin ite'ina'a! Tana ana
Mootii Waan Maraatittuu dubbate.
5 Abbootiin teessan amma eessa jiran? Raagoti
bara baraan hin le'anii ree?
6 Dubbii tiyyaa fi qajeelcha* kiyya ka ani
karaa tajaajiltoota tiyya raagotaatiin ajaje ee-
gatuu dhabiisaan ammoo, adabamanee hin ji-
ranuu ree? Tanaaf isaan cubbuu ifii irraa
deebi'anee, ‹Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara
Dade, akkuma murteessetti akka huji'ii fi ideensa
keennaatitti nutti mure› jedhane» jedhe.

### *Mudhii Marroo Fardo'oo*

7 Daariyos mootii te'ee woggaa lammeesso'oo,
ji'a kudha tokkeessoo ka «Shebaax» jedhamutti,
guyyaa diddamii arfeesso'ootitti jechi Mootii
Waan Maraa gara Zakaariyaasii raagicha ilma
Baraakiyaa Iddoo dhufe.
8 Ani Zakaariyaas halkan san mudhi'iin nama
farda arrowa irra tee'eeru tokko dhagge; inni

---

* **1:6** *Qajeelcha:* Yookiin sirna ittiin bulmaata.

mukoota dakkaraa odduu, dhooqa keessa dhaab-
bateera; duuba isaatille'een fardi arroonni, fardi
boorrii fi fardi adiin jiraniiyyu.
9 Anille, «Ee goottaa kiyya, fardoon tun maan?»
jedhee gaafadhe.

Inni deebisee, «Isaan maan akka te'ane ani si'itti
hin mudhisa» jedhe.
10 Maarre namichi mukoota dakkaraa odduu
dhaabbateeru sun deebisee, «Isaan worra Mootiin
Waan Maraa lafa qorqoriisaaf ergeeru» jedhe.
11 Isaanille ergamaa Mootii Waan Maraa ka
mukoota dakkaraa odduu dhaabbateeru saniin,
«Nuuti lafa duudii qorqorreerra; latti duudiin
nageya» jedhane.
12 Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa,
«Ee Mootii Waan Maraa Waaqa waan mara Dadde!
Ati qachaa Yerusaalemiitii fi Yihuda'aa ka wog-
gaa torbaatama itti mufatte kana, ka hin mararre
haga yoomiiti ree?» jedhe.
13 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa, ergamaa
na woliin dubbatiisatti jiru sanitti, dubbii gam-
machiittuu fi jajjabeessitu deebise.
14 Tanaaf ergamaan na woliin dubbatiisatti jiru
sun anaan, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara
Dade, ‹Ani Yerusaalemii fi Xiyooniif guddoo hi-
naafeera;
15 ani kolbaa tiyyatti diqqoo aareeraayyu; gosi
biyya adda addaa worri nageyaan le'a ifi seyu
ammoo, ittuma dabalee hantuu waan hujjeef,
guddoo itti aareera.
16 Tanaaf ani mararti'iin gara qachaa
Yerusaalemii hin deebi'a; manni kiyyalle deebi'ee
hin ijaarrama; wodaroon miki'ii Yerusaalem

ijaariisaaf hin diriirfama; waan kana ana Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadetti dubbate› jedhii lallabi» jedhe.

17 Ammalle ergamaan, anaan, «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, ‹Qachooti kiyya waan dansa'aan† deebi'anee hin guutaman; Mootiin Waan Maraa ammalle Xiyoon hin jajjabeessa; Yerusaalemille hin fooyata› jedhii lallabi» jedhe.

## *Mudhii Marroo Gaafotaa*

18 Ani ol ilaalee gaafota afur dhagge.

19 Ergamaa na woliin dubbate saniin, «Gaafoti kun maan?» jedhee gaafadhe.

Innille deebisee, «Gaafoti kun kolbaan Yihuda'aa, kolbaan Israa'eliitii fi Yerusaalemii akka bittinnowanu ka godhe» anaan jedhe.

20 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa namoota sibiila tumanu afur natti mudhise.

21 Anille, «Isaan maan godhiisaaf dhufane?» jedhee gaafadhe.

Innille deebisee, «Isaan, kolbaa biyya adda addaa ta lafa Yihuda'aa ijjumaa balleessitee, kolbaa isi'iille bittinneessitee, bararassiisaa fi jissiisaaf dhufane» jedhe.

# 2

## *Mudhii Marroo Wodaroo Miki'ii*

1 Ani ol ilaalee, nama wodaroo miki'ii harkatti qabateeru tokko dhagge.

2 Anille, «Eessa dhaqaarta?» jedhee isa gaafadhe.

† **1:17** *Waan dansa'aan:* Yookiin durumma'aa.

Inni deebisee, «Yerusaalem hagam akka badhattuu fi hagam akka dheerattu mikee ilaaliisa dhaqaara» naan jedhe.

3 Achiin duuba ergamaa na woliin dubbate sun gara duraa deemuun, ergamaan dhibiin isa wolde'iisaaf dhufee,

4 «Rukkisiitii dargaggeessa saniin, ‹Yerusaalem keessa kolbaa heddu'uu fi horiin hedduun waan jiranuuf qachaa dalleenni dhaka'aa itti hin ijaaranne teeti.

5 Ani adaala Yerusaalemiititti dalleya dhaka'aa ka ibiddaa hin te'a; isii keessattille ulfinnaa hin te'aaf› jedha Mootiin Waan Maraa» jedhiin.

### *Worri Booji'ame Biyyatti Akka Deebi'u Waamame*

6 Mootiin Waan Maraa, «Ani maddii afurittuu waan isin bittinneesseeruuf, lafa kaabaatii baqadha'a! Baqadha'a!

7 Isin worri booji'antanee Baabilon keessa leetanu gara Yerusaalemii deebi'a'a!

8 Nami isin tuqu gumaa ila tiyyaa* tuqa» jedha; kana Mootii Waan Maraatittuu dubbate.

Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, ulfinna naaf kennee, gosa biyya adda addaa ta isin saantetti na ergee,

9 «Kunoo, ani harka kiyya isaan irratti ol hin fudhadha; garbooti isaaniille isaan hin saaman» jedha.

Achiin duuba isinille Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade akka na erge hin beettan.

---

* **2:8** *Gumaa ila tiyyaa: Afaan Ibrootaatiin, «Mucaa ila tiyyaa» jedha; mucaa ilaa jechuun, ila gurraattii keessaa ti.*

10 Mootiin Waan Maraa, «Isin kolbaa Xiyoonii†,
kunoo ani dhufee odduu teessan waan le'uuf, ilil-
lisa'aa gammada'a» jedha.
11 Guyyaa san gosi biyya adda addaa hedduun
gara Mootii Waan Maraa dhufanee, gosa isaa hin
te'an. Innille odduu isaanii hin le'a; akka Mootiin
Waan Maraa Ka Waan Mara Dade gara keessan na
erge hin beettan.
12 Mootiin Waan Maraa lafa woyyittii
keessaa Yihudaa lafa ifii hin godhata; ammalle
Yerusaalem hin filata.
13 Mootiin Waan Maraa addee woyyittii ifiitii
waan dhufaaruuf, kolbaan duudiin isa duratti
cadhisa'a.

# 3

## *Mudhii Zakaariyaas Marroo Hayyicha Gudda'aa Dhagge*

1 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Hayyichi
Guddaan Iyaasuun ergamaa Mootii Waan Maraa
dura dhaabbateeruun, Seexannille Iyaasuu hi-
matiisaaf midda isaatitti dhaabbateeruun natti
mudhise.
2 Ergamaan Mootii Waan Maraa Seexanaan,
«Seexana, Mootiin Waan Maraa si xixu! Mootiin
Waan Maraa ka Yerusaalem filate si xixu!
Namichi kun akka muka ibidda irraa butameetii
motii ree?» jedhe.
3 Yennaa san Iyaasuun woyaa xurootte uffatee,
ergamaa Mootii Waan Maraa dura dhaabbateera.
4 Ergamaan sun worra isa dura dhaabbateeru
saniin, «Woyaa isaa xuroottuu san irraa baasa'a!»

---

† **2:10** *Xiyoon:* Qachaa Yerusaalemii ti.

jedhe; Iyaasuulle'een, «kunoo, ani cubbuu teeti si irraa balleesseera; woyaa ulfinnaalle sitti hin uffisa» jedhe.

5 Achiin duuba ani, «Marata mata'aa qulqulluu
mataa isaatitti mara'a!» jedhe; isaanille adoo ergamaan Mootii Waan Maraa achi dhaabbateeruu, marata qulqulluu itti maranee, woyaalle itti uffisane.
6 Eega san ergamaan Mootii Waan Maraa Iyaa-
suu ifi eeggachiisee,
7 «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
‹Deensi keeti akka fedha kiyya yoo te'e, waan ani si ajaje yoo eeggatte, Galma kiyyaaf bulchaa, badhinna dalleya kiyya keessaa mara irratti itti gaafatamaa hin teeta. Ergantoota Mootii Waan Maraa ta as dhaabbataneeranu oddu'utti mirga si'iif hin kenna.
8 Iyaasuu hayyicha gudda'a, dhage'i! Isin worri
hayyumma'aan isa woliin tajaajiltanuu fi waan dansaa gara duraa te'uu jiruuf, beessisa teetane dhage'a'a: ani kunoo, dameen Daawitii garbichi kiyya akka dhufu hin godha.
9 Kunoo, ani dhakaa iloo torba qabu tokko Iyaa-
suu dura hin keya; ani dhakaa san irratti barreeffama, «Ani guyyaa tokkotti yakkaa lafa tanaa irraa hin balleessa» jedhu hin barreessa.
10 Guyyaa san nami tokko tokkoonuu, muka
woyni'iitii fi haru'uu jalatti ollaa ifii hin affeera› jedha» jedhe.

# 4

## *Mudhii Waan Ifi Irra Keyamu*

1 Ergamaan na woliin dubbataa ture sun
deebi'ee dhufee, akka nama hirriibaa nama
dammassuu na dammassee,
2 «Maan dhaggiisatti jirta?» jedhee na gaafate.

Ani deebisee, «Waan issaan irra keyamu ka worqii qofaan hujame, ka qoriin mataa isaa irra jirtu dhagga; issaan sun tokko tokkoon isaatuu uujjummee torba mataa irraa qaba.
3 Waan issaan irra keyamu bira, muki ejersaa
lama middaa fi bitaa qori'iititti jira» jedhe.
4 Anille ergamaa Waaqaa ka na woliin dubbati-
isatti jiru saniin, «Ee goottaa kiyya, wonni kun
maan inni?» jedhee gaafadhe.
5 Innille, «Ati wonni kun maan akka te'e hin
beettu?» jedhee na gaafate. Anille, «Ani hin beeku,
goottaa kiyya» jedheen.
6 Jechi Mootii Waan Maraa ka ergamaan
Waaqaa akka ani Zarubaabelitti himuuf natti
hime kana: «Ayyaana kiyyaan malee hunnaa fi
jabeennaanii moti.
7 «Ee, gaara gudda'a! Ati maan! Ati Zarubaabel
duratti lafa dirree hin teeta; yennaa inni dhakaa
ittiin ijaaranee muummessanu lafaa ol fuudhu,
namooti ‹Attam dansa'a! Attam dansa'a!› jedhaa
gammadaan hin iyyan» ka jedhu.
8 Ammalle jechi Waaqaa gara kiyya dhufee,
9 «Zarubaabel hundee Galma kanaa harka ifiitiin
keyeera; harka ifiitiin ijaarsa kana hin fixa. Yen-
naa tun teetu Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara
Dade akka gara keessan na erge hin beettan.
10 «Worri waan diqqoo dhaggane tuffatane,
dhakaa tumbi'ii harka Zerubaabeliititti yennaa
dhagganu hin gammadan; issaan torba kun ila

Mootii Waan Maraa torba ta lafa duudii dhaggitu» jedhe.
11 Achiin duuba ani, «Muki ejersaa lamaan ka
waan issaan irra keyamu middaa fi bitaa jiru kun
maan» jedhee ergamaa Waaqaa gaafadhe.
12 Ammalle ani, «Dameen muka ejersaa lamaan,
ka uujjummee worqi'ii lamaan cina'aa zayitii
ejersaa yaasanu maan?» jedhee gaafadhe.
13 Inni anaan, «Ati wonni kun maan akka te'e hin
beettu?» jedhe.

Anille, «Ee goottaa kiyya, hin beeku» jedheen.
14 Achiin duuba inni, «Isaan lamaan kun Mootii
Waan Maraa lafa maratti akka tajaajilanuuf
worra muudame» jedhe.

# 5

### *Mudhii Kitaaba Maramaa Gubbaa Irra Ka'uu*

1 Ani ammalle yennaa ilaalee, kitaaba maramaa
tokko gubbaa irra ka'uun* dhagge;
2 ergamaan Waaqaa, «Ati maan dhaggiisatti
jirta?» jedhee na gaafate; anille deebisee, «Kitaaba
maramaa dheerinni isaa ciqilee diddama, bad-
hinni isaa ciqilee kudhan te'e tokko gubbaa irra
ka'uun dhagga» jedheen.
3 Innille, «Kun abaarsa lafa duudii irratti dhufu.
Kitaaba maramaa san gama tokko irratti, ‹Nami
hatu duudiin lafa irraa hin bada› ka jedhutti jira;
gama kaan irralle'etti ‹Nami dharaan kakatu du-
udiinille hin bada› ka jedhutti jira.
4 Mootiin Waan Mara Ka Waan Mara Dade,
‹Ani abaarsa gara mana nama hatuutii fi gara

* **5:1** *Ka'uun:* Yookiin balali'uu.

mana nama dharaan kakatuu seenu hin erga; inni mana isaanii keessa turee, mana isaanii mukaa fi dhakaa isaalle hin balleessa› jedha» jedhe.

### *Mudhii Dubartii Saaxaraa Keessaa*

5 Achiin duuba ergamaan Waaqaa gara kiyya dhufee, «Ol ilaal! Wonni dhufaaru kun maan inni?» anaan jedhe.

6 Anille, «Wonni kun maan?» jedhee gaafadhe.

Inni deebisee, «Kun kollonjoo cubbuu lafa duudii irratti hujantu mudhisu» jedhe.

7 Qadaadi saaxara'aa ka irsaasa irraa hujame sun yennaa baname, dubartittiin takka saaxaraa san keessa teetteertuun dhagge.

8 Ergamaan Waaqaalle, «Dubartittiin tun hammeenna mudhitti» jedhee, isii saaxaraa san keessa gad dhiibee, qadaaddaa saaxara'aa itti qadaade.

9 Achiin duuba ol ilaalee, dubartooti lama koolaan ka'aa gara kiyya dhuttuun dhagge; koolli isaanii akka koola qonga'aa jira; isaan saaxaraa san fuudhanee lafa irraa ka'anee, gubbaa irra koolaan ka'ane.

10 Anille ergamaa Waaqaa ka na woliin dubbatiisatti jiruun, «Saaxaraa eessa geessaaran?» jedhee gaafadhe.

11 Inni deebisee, «Mana saaxaraa saniif ijaariisaaf gara Baabilonii† geessaaran; mana ijaaranee fixaneen duuba saaxaraa san achi keyan» anaan jedhe.

---

† **5:11** *Baabilon:* Maqaan Baabilonii ka durii Shiinaar.

# 6

### *Mudhii Garreettaa Fardaa Afur*

1 Ani ammalle ol ilaalee, garreettaan fardaan
harkifamu afur gaarota sageettu'uu lamaan wod-
hakka'aa bayanee dhufanuun dhagge.
2 Garreettaan fardaa ka qaraa fardoo arrowaan,
garreettaan lammeesso'oo fardoo daama'aan*,
3 ka sadeesso'oo fardoo bororaan†, ka
arfeesso'oo fardoo buburre'een harkifamaniiyyu;
marti isaaniituu jajjaba.
4 Achiin duuba ani ergamaa Waaqaa ka na
woliin dubbatiisatti jiruun, «Ee goottaa kiyya, gar-
reettaan fardaa kun maan?» jedhee gaafadhe.
5 Inni deebisee, «Isaan kun qilleensa ol-gubba'aa
ka maddii afurii ti; isaan worra Goottaa lafa du-
udi'ii tajaajiliisa irraa dhufane» anaan jedhe.
6 Garreettaan fardoo gugurraayye'een harki-
famu gara kaabaa, ka fardoo adaadi'iin harki-
famu gara seensa adu'uu, ka fardoo buburre'een
harkifamu gara kibbaa deemaaraniiyyu.
7 Fardoon jajjabi yennaa baate, lafa qorqori-
isaaf worraaqatteertiiyyu. Ergamaan Waaqaa
isaaniin, «Lafa duudii keessa deddeema'a» jedhe.
Isaanille lafa duudii keessa deddeemane.
8 Achiin duuba ergamaan Waaqaa na waamee,
«Fardoon gara kaaba Baabilonii dhaxxe, mufiin
Waaqaa akka qabbanoottu goote» jedhe.

### *Kallachi Iyaasu'utti keyame*

9 Jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya dhufee,

* **6:2** *Fardoo daamaa:* Yookiin gugurraalee jechu'u. † **6:3** *Fardoo borora:* Yookiin fardoo adii jechu'u.

10 «Heldaayi, Xobiiya'aa fi Yedaa'iyaa worra
biyya Baabiloniititti booji'amanee deebi'ane irraa
meeti'ii fi worqii fuudhiitii, gaafasuma gara mana
Yosiyaasii ilma Sefaaniya'aa dhaqi!
11 Meeti'ii fi worqii fuute san kallacha huji-
itii, mataa Iyaasuu hayyicha guddaa ilma Yoza-
adaaqii irra keyi.
12 Achiin duuba Iyaasu'uun, Mootiin Waan
Maraa Ka Waan Mara Dade, ‹Namichi damee jed-
hamu tokko asi jira; inni addee ifii jirutti damee
baafatee waan banqaaquuf, Galma Mootii Waan
Maraa hin ijaara.
13 Ka Galma Mootii Waan Maraa ijaaru
isa. Ulfinna mooti'ii qabaatee, barcumaa
mootumma'aa irra tee'ee hin bulcha. Hayyichi
tokko barcumaa mootummaa isaa bira
dhaabbata; isaan lamaanuu woliigalaa fi
nageyaan hujan› jedha;
14 kallachi isaalle Heelemiif, Xobiiya'aaf,
Yedaa'iya'aaf, Heenii ilma Sefaaniyaatiif Galma
Mootii Waan Maraa keessatti yaadannoo hin te'a.
15 «Worri biyya fagoo le'anu, Galmi Waaqaa
deebifamee yennaa ijaaramu qarqaariisaaf hin
dhufan. Galmi Waaqaa yennaa deebifamee
ijaarame, Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara
Dade gara keessan akka na erge hin beettan.
Yoo isin guutumatti Mootii Waan Maraa Waaqa
keessaniif ajajantane tun marti hin teeti» naan
jedhe.

# 7

*Fudhatama Dhaba Laama Kijibaa*

1 Daariyos mootii te'ee, woggaa arfeesso'ootitti,
ji'a sagaleesso'oo ka «Kisluu» jedhamu, guyyaa ar-
feesso'ootitti, jechi Mootii Waan Maraa gara Za-
kaariyaasii dhufe;
2 Kolbaan Bet'elii, worra Shaarezeriitii fi Regi-
imelekinii namoota isaanii woliin gara Galma
Mootii Waan Maraa dhaqanee eebba Mootii Waan
Maraa akka kadhatanuu fi
3 «Akkuma woggaa heddu'uuf godhaa turre, ji'a
shaneesso'ootitti, diigama Galma Waaqaatiif laa-
maa, bowuulle qannaa ree?» jedhanee hayy-
oota Galma Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara
Dadeetii fi raagota isaa, akka gaafatanuuf ergane.
4 Ammalle jechi Mootii Waan Maraa Ka Waan
Mara Dadee gara kiyya dhufee,
5 «Kolbaa lafaa duudi'iitii fi hayyoota duudii,
‹Woggoota torbaatama dabarane keessa, ji'a sha-
neesso'ootii fi torbeesso'ootitti yennaa laamtanee,
boottanelle dhuguma naaf laamtanee?
6 Yennaa nyaattanuu fi untanu, ifumaafuu
nyaataa unaa turtanee motii ree?
7 «‹Yerusaalemii fi qachooti ollaa isi'ii
duroomanee, yennaa namooti itti heddatane,
namoota adaala ollaa qacha'aa le'anu qofa adoo
hin te'in, ka kutaa kibbaatii fi kooba gara seensa
adu'uu jalaatiifille, jechi Mootii Waan Maraa
karaa raagota duriitiin dubbate kanumaa motii
ree?› jedhii gaafadhu» naan jedhe.
8 Jechi Mootii Waan Maraa ammalle gara kiyya
gara Zakaariyaasii dhufee,
9 «Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
‹Muraa dhuga'aa mura'a; woli woliif arjooma'a;
wolille'eef marara'a.

10 Haadhotii hiyyeessaa, ijoollee haadhaa fi ab-
baa hin qanne, orma, yookiin hiyyeeyyii hin miic-
ina'a. Gadhaa keessan keessatti hantuu woliif hin
yaadatina'a› jedha» jedhe.
11 Isaan ammoo dhage'uu didanee, mataa
jabaatane; akka hin dhageenneefille gurra ifii
cuqqaalatane.
12 Isaan seeraa fi jecha Mootii Waan Maraa Ka
Waan Mara Dade ayyaana ifiitiin karaa raagota
duriitiin erge akka hin dhageenneef gadhaa ifii
akka cabbi'ii jabeessane. Tanaaf mufiin guddoon
Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee isaan
irratti dhutte.
13 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
«Yennaa ani isaan waame isaan na dhage'uu waan
didaneef, anille yennaa isaan na waammatane
isaaniif hin dhageenne» jedha.
14 Kolbaa biyyaa adda addaa ta hin beenne
keessa akka le'anu, akka bubbe'ee isaan bittin-
neesse. Latti dansaan isaan keessaa bayane sun
ona teete; nami tokkolle achi keessa hin le'u; ittille
hin galu. Akka kanaan latti sun onte.

# 8

### *Mootiin Waan Maraa Xiyoon Akka Duriititti Deebisiisaaf Waadaa Gale*

1 Jechi Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara
Dadee gara kiyya dhufee,
2 «Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade
kolbaa Xiyooniitiif guddoo waan hinaafeef, diina
isi'iititti guddoo aareera.
3 Ani gara Yerusaalemii deebi'ee, gaara Xiyoonii
irra hin le'a. Yerusaalem, ‹Qachaa addatamaa›

jedhantee hin waammanti; gaarri Xiyooniille gaara kiyya woyyicha jedhamee hin beekkama.
4 «Namooti woggaa hedduu le'anee waan dul-
loomanuuf, jaarsaa fi jaartiin borjoo* qabatanee,
karaa Yerusaalemii keessa ammalle hin tetee'an.
5 Karaan qacha'aalle ijoollee dhiiraatii fi durraa
ta keessa taphattuun hin guutama.
6 «Guyyoota kanatti worra hafeef wonni kun ta
hin dande'anne yoo fakkaattelle, wonni naaf hin
dande'anne jirtii ree?
7 Ani kolbaa tiyya harka worra karaa biyya
aduun baatuutii fi aduun seentuu jiranu jalaa
baasee,
8 Yerusaalem keessa akka le'anu deebisee isaan
hin fida; isaan kolbaa tiyya hin te'an; anille ad-
datamumma'aa fi balchumma'aan Waaqa isaanii
hin te'a.
9 «Isin worri yennaa Galmi Waaqaa deebi'ee
ijaaramiisaaf hundeen keyamu, waan raagoti
achi jirtu dubbatte dhage'iisatti jirtanu, Galma
Waaqaa ijaariisaaf jabaadha'a.
10 Yennaa saniin dura namaaf, horiille'eef gatiin
dadhabbi'ii hin kaffalantuuyyu. Nami duudiin ol-
laa ifii irratti diinumma'aan akka ka'u ka'u waan
godheef, eennulle bayiisaa fi galiisaaf nageya hin
qabuuyyu.
11 Amma ammoo worra hafe akka durii hin
godhu.
12 Isaan nageyaan sanyii facaafatan; woyniin
midhaan ifii hin buuchi; latti midhaan hin ken-
niti; gubbaan rooba kenna; ani waan kana mara
worra hafe kanaaf hin kenna.

---

* **8:4** *Borjoo:* Yookiin ulee jaarsaa fi jaarti'ii ti.

13 Isin worri Yihuda'aatii fi worri Israa'elii, dur kolbaa biyya adda addaa oddu'utti akka abaarsaatitti laakkowamaa turtane; ammaa ammoo ani abaarsa kana jalaa isin hin fayyisa, eebballe hin teetan; tanaaf jabaadha'a malee, hin sodaatina'a!

14 «Yennaa abbootiin teessan ta durii na aarsite, marartii malee isin adabiisaaf murteeffadhe.
15 Amma ammoo kolbaa Yerusaalemiitii fi Yihuda'aa eebbisiisaaf murteeffadheera; hin sodaatina'a.
16 Wonni isin godhuu qaddanu kana: dhugaa wolitti dubbadha'a. Addee kora mura'aa keessaniititti muraa dhugittii ta nageya fiddu mura'a.
17 Wol miidhiisaaf hin yaadatina'a. Dharaan hin kakatina'a. Ani kana duudii hin jibba» jedha Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade.

18 Ammalle jechi Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee gara kiyya dhufee,
19 «Laam ji'a arfeesso'oo, ji'a shaneesso'oo, ji'a torbeesso'ootii fi ji'a kudhaneesso'oo worra Yihuda'aatiif jila gammadaatii fi ililleetti'ii hin te'a. Isin ammoo dhuga'aa fi nageya jaaladha'a.

20 «Yennaan kolbaan hedduun qachaa hedduu keessaa gara Yerusaalemii dhuttu hin dhutti.
21 Worri qachaa tokko keessa le'u, gara worra qachaa dhibii keessa le'uu dhaqee, ‹Kowa'a! Ariifannee dhandhee Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara dande'u waaqonfannee, eebba isaa kadhanna, nuutille achi dhaqaarra› hin jedhan.
22 Kolbaa heddu'uu fi gosi biyya adda addaa jajjabi Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade

waaqonfatiisaa fi eebba isaa kadhatiisaaf gara
Yerusaalemii hin dhufan.
23 Yennaa san gosa biyya adda addaa ka afaan
gara garaa dubbatanu keessaa, namooti kudhan
handaara woyaa Yihudicha tokkoo qabatanee,
‹Waaqi isin woliin akka jiru waan dhageenneef
isin woliin hin deenna› hin jedhan» jedha.

# 9

*Muraa Diinota Israa'elii Irratti Dhuttu*

1 Dubbiin mura'aa ta Mootii Waan Maraa
marroo biyya Hadraakiitiif dubbate
qachaa Damaasqo'oolle geette.
Ilti namootaatii fi gosa Israa'elii duudiin
gara Mootii Waan Maraa hin ilaalti.
2 Haamaati ta meessaa isaanii jirtu,
Xiiroosii fi Sidoon guddoo qaroolee te'anulle
gara isaa hin ilaalan.
3 Xiiroos kushee ijaarratteerti;
meetii akka biyye'ee,
worqii akka dhoqqee karaa keessaa tuulatteerti.
4 Mootiin Waan Maraa ammoo
waan isiin qaddu mara irraa hin mulqa;
karra isi'ii mara
gara abbaaya'aa hin gata;
isiille ibiddaan gubattee hin baddi.
5 Worri Ashiqalonii
tana dhaggee hin sodaata;
worri Gaaza'aalle hin hollata.
Worri Eqroonille addii hin kutata;
worra Gaaza'aa keessaa mootiin hin dhabama;
Qachaan Ashiqalonii hin ona.

6 Kolbaan makante qachaa Ashidoodii keessa hin leeti.
Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dande'u,
«Ani koora Filisxeemotaa hin balleessa.
7 Isaan haganaa achi foon dhiiga qabu
yookiin sagalee dhooggante hin nyaatanu.
Worri hafe Waaqa keennaaf hin te'a,
biyya Yihuda'aa keessatti sooreyyii hin te'an.
Worri Eqroonille akkuma worra Yibusootaa hin te'a.
8 Ani mana kiyya,
saantota irraa hin eegadha.
Ani ila tiyyaan isaan waan eeguuf,
nami isaan miicu,
haganaa achi deebi'ee isaan keessa hin bayu» jedha.

### *Mootii Xiyoonii Ka Dhufu*

9 Kolbaa Xiyoonii, guddoo gammada'a!
Kolbaa Yerusaalemii, ililllisa'a!
Kunoo, mootichi keessan balchaan,
injifataan, gad ifi qabee,
ilmayyoo harre'ee irraa tee'ee,
gara keessan hin dhufa.
10 Mootiin Waan Maraa,
«Ani Garreettaa fardaa Efreem keessaa,
fardoo lolaa Yerusaalem keessaa hin balleessa.
Guubeen lolaalle hin baddi;
Mootichi keeti gosa biyya adda addaatiif,
nageya hin lassa.
Bulchiisi isaa abbaayaa irraa,
haga abbaaya'aa,
laga Efraaxiisii irraa
haga dhuma lafaa ti.

## *Adde'etti Deebi'iisa Kolbaa Waaqaa*

11 «Isiniif sababa gondooroo tiyya,
ta dhiigaan isin woliin gondooreetiif jedhee,
worra hidhamane keeti,
boolla bisaan hin qanne keessaa,
bilisa hin baasa.
12 Isin worri hidhantanee, addi'iin jirtanu,
gara addee nageyaa teessanitti deebi'a'a;
ani adha addee duriititti
dachaa lama isiniif hin deebisa.
13 Ani Yihudaa akka guube'eetitti,
Efreem akka daayaatitti,
namoota Giriiki'ii loliisaaf,
ilmaan Xiyoonii
akka shallaaga'aatitti hin fayyadama» jedha.

14 Mootiin Waan Maraa
kolbaa ifiitiin gubba'atti hin mudhata;
daayi isaa akka balaqqeetti'ii hin utaala.
Mootiin Waan Maraa Waaqi
qoonqoo tultulla'aa hin dhageessisa;
bubbee gara kibbaa keessa,
itti hin ideema.
15 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,
kolbaa ifii irraa hin dhoogga;
isaanille dhakaa looyya'aatiin* diina ifii hin balleessan;
akka nama daadhii woyni'ii unee machowee hin iyyan;
akka qorii dhiiga ittiin fiffixanu ta roga addee ciinca'aa

---

* **9:15** *Looyya'aatiin:* Lafa tokko tokkotti *yanbarsaatiin* jedhama.

hin guutaman.
16 Gaafas Mootiin Waan Maraa Waaqi isaanii
akka tisseen horii ifii waan hantuu irraa fayyisu
kolbaa ifii hin fayyisa.
Isaan akka dhakaa gatii guddo'oo
ka kallacha irraa
lafa isaa keessatti hin calalaqan.
17 Latti attam attam Shagga'aa fi dansa'a!
Midhaanii fi daadhiin woyni'ii ta isii irraa dhaggantu,
Dargaggeeyyii dhiiraatii fi durraa
hin bisileessiti.

# 10

*Adde'etti Deebi'iisa Kolbaa Yihuda'aatii fi Israa'elii*

1 Rooba furmaataa akka isinii kennuuf,
Mootii Waan Maraa gaafadha'a;
ka duumensa roobaa ergee,
tiifuu roobaa isinii kennee,
fichaa magariisa godhu Mootii Waan Maraa ti.
2 Waaqoti dharaa
waan gatii hin qanne dubbatan;
worri moru mudhii dharaa dhaggan;
oojjuu sobaalle himan.
Isaan akkasumaan
nama jajjabeessan;
tanaaf kolbaan tissee dhaddee rakkattee,
akka hoole'ee joonjiti.
3 Mootiin Waan Maraa, «Ani tissitootatti guddoo aareera;
sooressitootalle hin adaba.

Ani Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade
hoolota tiyya kolbaa Yihuda'aa hin kunuunsa.
Akka farda kiyya ka lolaa ka ittiin kooruu
isaan hin godha.
4 Kolbaa Yihuda'aa keessaa
bulchitooti
ta akka dhakaa roga ijaarsaa
ta akka togaa dunkaanaatii fi
guubee lolaa jiranu hin ka'an.
5 Isaan wolumatti te'anee
akka loltoota jajjabaa
diinota ifii dhoqqee karaa keessaa irratti
dhidhiitanee injifatanuu hin te'an.
Mootiin Waan Maraa isaan woliin waan jiruuf
isaan lola keessatti
abbootii fardaa diinota hin qaanessan.

6 «Ani kolbaa Yihuda'aa hin jabeessa;
kolbaa Israa'eliille hin fayyisa.
Ani isaaniif waan nawuuf,
akka duriititti isaan hin deebisa.
Isaan akka ani tanaan qara
ijjumaa isaan lakkisee hin beennee hin te'an.
Ani Mootii Waan Maraa Waaqa isaanii waan te'eef,
daadimata isaanii hin dhage'a.
7 Kolbaan Efreemii akka worra jajjabaa hin te'an.
Isaan akka nama daadhii woyni'ii unee hin gammadan.
Ijoolleen isaanii tana dhaggitee hin gammaddi;
gadhaan isaaniille Mootii Waan Maraatitti hin gammada.
8 Ani kolbaa tiyya beessisaan waamee
wolitti isaan hin qaba.

Ani isaan waan woduuf
akkuma durii laakkossa isaanii hin fakkansa.
9 Ani gosa biyya adda addaa oddu'utti
isaan bittinneessulle
biyya fagoo san jiraatanee na hin qaabatan.
Isaanii fi ijoolleen isaanii jiraatanee,
gara biyya ifii hin deebi'an.
10 Ani biyya Gibxi'iitii
deebisee isaan hin fida.
Biyya Asoorii keessaalle'ee
haga latti isaan dhiphattutti
wolitti isaan qabadha.
Gara biyya Giil'aadiitii fi Libaanonii
deenisee isaan hin galcha.
11 Yennaa isaan abbaayaa rakko'oo keessa dabaranu,
ani danbalii hin dhowa.
Qilee ka te'e lagi Nayilii hin goga.
Asoor hin salphatti;
Gibxille ulee bokku'uu
ta mootumma'aa hin dhaddi.
12 Ani kolbaa tiyya hin jajjabeessa.
Isaanille jecha kiyyaaf hin ajajaman» jedha.

# 11

### *Jinnana Worra Hin ajajanne*

1 Ee, Libaanon!
Ibiddi muka hindheensaa keeti
akka fixuuf
balbala teeti bani!
2 Muki hindheensaa waan jigeef,
isin muki birbirsaa bowa'aatii wiiccifadha'a!
Muki jajjabaan marti badeera!
Gongomaan ciggaan waan cirameef,

ee, qilxaa Baashaanii, bowiitii wiiccifadhu!
3 Addeen horii tiffatanu
waan isaan duraa baddeef,
bowa worwaanata tissitootaa dhage'a'a!
Gongomaan laga Yordaanosii
waan badeef
dhangaa dhowiisa neenqaa dhage'a'a!

*Tissitoota Lama*

4 Mootiin Waan Maraa Waaqi kiyya anaan,
«Hoolee qalmaaf qopheeffanteertu tiffadhu*.
5 Worri isaan bitatu yennaa isaan qaltanu hin
adabamanu; worri isaan gurguratelle, ‹Mootiin
Waan Maraa leellifamuu ti! Nuuti duroonneera!›
jedhan; tissitooti isaaniituu isaaniif hin nayanu;
6 ani haganaa achi worra lafa irra le'u
tokkolle'eef hin nayu†; kunoo, ani tokko tokkoo
isaaniituu harka olla'aa fi mootii isaaniititti
dabarsee hin kenna. Isaan biyya san hin
balleessan; anille harka isaanii keessaa isaan
hin baasu» jedha.
7 Ani hoolee qalmaaf qopheeffante san, keessat-
tuu worra miicamane saniif tissee te'e; ulee
lamaan fuudhe; maqaa takkatti'ii, «Jaalatantuu», ta
lammeesso'ootiin, «Tokkummaa» jedhee moggaase;
hoolota sanille bobbaase.
8 Ji'a tokko keessatti tissitoota sad ari'e; hooloti
na jibbite; anille isaan hifadhe.
9 Tanaaf ani holotaan, «Ani haganaa achii tis-
see keessan hin te'u. Ka du'anu du'anuu ti. Ka
badanu badanuu ti. Ka hafanelle foon woli wolii
nyaatanuu ti» jedhe.

* **11:4** *Tiffadhu:* Yookiin bobbaafadh. † **11:6** *Hin nayu: Yookiin hin anjiradhu*

10 Achiin duuba gondooroo Mootiin Waan
Maraa gosa biyya adda addaa woliin gondoore
diigiisaaf, ani ulee tiyya ta, «Jaalatantuu» jedhantu
fuudhee casse.
11 Gaafasuma gondooroon diigante. Daldal-
tooti hoole'ee, ka na dhaggiisatti jiranu, kun jecha
Mootii Waan Maraa akka te'e beekane.
12 Ani isaaniin, «Yoo feetane mindaa kiyya naa
kenna'a; yoo hin fedhin ammoo lakkisa'a» jedhe.
Isaanille mindaa kiyya meetii soddoma naaf ken-
nane.
13 Mootiin Waan Maraa anaan, «Meetii san saan-
duqa Galma Waaqaa keessa buusi‡!» jedhe.
Tanaaf, «Mindaa geya'a» jedhanee ka isaan naaf
kennane, meetii soddoma san fuudhee, saanduqa
Galma Waaqaa keessa buuse.
14 Achiin duuba tokkummaa Yihuda'aatii fi Is-
raa'elii diigiisaaf, ulee tiyya lammeesso'oo ta,
«Tokkummaa» jedhantu casse.
15 Itti aansee Mootiin Waan Maraa anaan, «Meya
tissitoota gowwoolee sanii fuudhi.
16 Kunoo, ani tissee hoolee baddeef hin
yaadanne, ilmoolee badde ka hin barbaanne, ka
miidhamane ka hin fayyine, yookiin fayyaaleyyii
ka hin tissine biyya irratti hin kaasa; inni ka
coomane hin nyaata; qeenca isaaniille hin
buqqisa.
17 «Tissee gatii hin qanne,
ka hoolota hin eenneef aanne'e!
Shallaagaan, harka isaa middicha isa irraa
kutuu ti!
Ila isaa middittiille keessaa baasuu ti!

‡ **11:13** *Galma Waaqaa keessa buusi: Afaan Ibrootaatiin, «Okkotee nama faara dhowuu keessa buusi» jedha.*

Harki isaa ijjumaa goguu ti!
Ilti isaa midditiin ijjumaa badduu ti!» jedhe.

# 12

*Injifachaa Yerusaalemii*

1 Dubbiin Mootiin Waan Maraa marroo Is-
raa'eliitiif dubbate tana: Mootiin Waan Maraa ol-
gubbaa diriirse, ka hundee lafaa hundeessee fi
jiruu namaaf kenne,
2 «Ani kunoo, Yerusaalem akka muduunuu
daadhii woyni'ii hin godha; gosi biyya adda addaa
ta adaala isi'ii, untee akka namoota machowa-
nee hin gatantarti*. Yennaa qachaan Yerusaalem
marfamu qachaan Yihudaalle hin marfama.
3 Yennaa gosi biyya adda addaa Yerusaalem loli-
isaaf wolitti qabantu, ani akka dhakaa ulfaata'aa
isii hin godha; worri isii ol kaasiisaaf wodhaanu
duudiin ifi miidhan.
4 Guyyaa san ani fardoo isaanii mara hin
bararassa; abbootii fardo'oo hin maraacha; kol-
baa Yihuda'aa hin eega; fardoo diina isaanii am-
moo hin jaamsa.
5 Achiin duuba sooreyyiin Yihuda'aa gadhaa ifii
keessatti, ‹Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara
Dade, kolbaa ifii ta Yerusaalem keessa leetuuf
hunnaa hin kenna› jedhan.
6 «Guyyaa san sooreyyii Yihuda'aa akka okko-
tee ibiddaa ta qoraan irratti tuulameetii fi akka
umeessaa ibiddaa ka odduu ladde'eetitti bobe'uu
isaan hin godha. Isaan kolbaa adaala sanii
mara hin fixan. Kolbaan Yerusaalemii ammoo,
nageyaan Yerusaalem keessatti hin hafan.

---

* **12:2** *Gatantarti:* Yookiin tintint.

7 «Ulfinni sanyii Daawitiitii fi ulfinni namoota
Yerusaalem keessa le'anuu ka Yihuda'aa akka hin
caalle, ani Mootiin Waan Maraa dursee mana gosa
Yihuda'aatiif injifachaa hin kenna.
8 Ani guyyaa san Mootiin Waan Maraa, worra
Yerusaalem keessa le'u hin eega; isaan keessaa ka
irra caalaa dadhaba'aatuu, akka Daawitii jabaa
hin te'a. Sanyiin Daawitii akka ergamaa kiyyaa,
akkuma kiyya isaan hin sooressan.
9 Guyyaa san gosa biyya adda addaa
Yerusaalem loliisaaf wodhaantu mara
balleessiisaaf hin barbaada.
10 «Ani ayyaana mararti'iitii fi ayyaana daadi-
mataa sanyii Daawitiitii fi worra Yerusaalem
keessa le'u irratti hin dhangalaasa. Isaan ka
woraanane san na hin ilaalan; akka nama mu-
caa tokkochaaf bowuutitti hin bowan; akka nama
du'a ilma angafichaatiif guddoo gadduulle hin
gaddan.
11 Guyyaa san bootti guddoon, sanyii Hadaad
Rimooniitiif dirree Megidoo keessatti teete sun,
Yerusaalem keessatti hin teeti.
12 Namooti lafa sanii akka maatii maatii ifiititti
hin bowan; maatiin sanyii Daawitii qofuu, niitoti
isaanii qofuu, maatiin sanyii Naataanii qofuu, ni-
itoti isaanii qofuu,
13 maatiin sanyii Lewwi'ii qofuu, niitoti isaanii
qofuu, maatiin Sheme'ii qofuu, niitoti isaanii qo-
fuu,
14 maatiin worra hafee duudiin qofuu, niitoti
isaaniille qofuu hin bowan» jedhe.

# 13

1 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade,

«Guyyaa san maddi cubbu'uu fi battummaa
isaanii qulqulleessu, sanyii Daawitiitii fi worra
Yerusaalem keessa le'anuuf hin banama*.
2 Guyyaa san maqaa waaqota dharaa lafa irraa
hin balleessa; nami deebi'ee isaan qaabatu hin
jiraatu; raagota dharaatii fi ayyaana battiille lafa
irraa hin balleessa.
3 Gaafas eennulle yoo raaga dubbate, abbaan
isaatii fi haati isaa, ‹Ati maqaa Mootii Waan
Maraatiin soba waan dubbatteef, du'uu qadda›
jedhaniin. Yennaa inni raaga dubbatu abbaan
isaatii fi haati isaa, isa woraanane ijjeesan.
4 Guyyaa san raagaan tokko tokkonuu raaga
mudhi'iin dhagge saniif hin qaanowa; namootalle
sobiisaaf woyaa rifeensa qaddu hin uffatu.
5 Inni, ‹Ani qonnaan bula'a malee, raaga'aa
moti; ani ijoollumma'aan jalqabee nama lafa
qotu› hin jedha.
6 Nami tokko, ‹Madaan nafa keeti irraa tun
maan?› jedhee yoo isa gaafate, inni deebise,
‹Mana jaala kiyyaatitti madowe› hin jedhan»
jedha.

### *Tisseen Dhowame, Hooleen Bittinnootte*

7 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara Dade, «Ee,
shallaaga'a!
«Tissee kiyya irratti, jaala ani addadhu irratti ka'i!
Hooleen akka bittinnoottuuf, tissee dhowi!
Ani harka kiyya, buruusoo irralle'etti hin
deebifadha.
8 Lafa duudii keessaa, kolbaa harka sad keessaa,
harki lama dhowamee hin bada;

---

* **13:1** *Hin banama:* Yookiin hin madda yookiin hin burqa jedhamuu dande'a.

teetuu malee harka sad keessaa,
harki tokko hin hafa.
9 Worra hafe harka sad san, ibidda keessa buusa;
akkuma meetiin ibiddaan qulleeffantu,
isaan hin qulleessa;
akkuma worqiin ibiddaan haga ilaallantu,
isaan haga hin ilaala.
Isaan maqaa kiyya hin waaman
anille isaaniif hin dhage'a.
Ani, ‹Kolbaa tiyya› isaaniin hin jedha;
isaanille, ‹Mootiin Waan Maraa
Waaqa keenna› hin jedhan» jedha.

# 14

## *Yerusaalemii Fi Gosa Biyya Adda Addaa*

1 Guyyaan muraa Mootii Waan Maraa dhufaara; yennaa san saantoti waan isin irraa fudhatane, ila teessan duratti hin qoqoodaman.

2 Mootiin Waan Maraa gosi biyya adda addaa duudiin Yerusaalem akka lolanuuf wolitti isaan hin qaba. Qachaan sun hin qabatama; manni hedduun hin saamama; dubartoota hin gudeedan*. Kolbaan gamisi booji'antee deenti; worri hafe ammoo qachaa keessaa hin bayu.

3 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa akkuma dur lole gosa biyya adda addaa san loliisaaf hin ka'a.

4 Guyyaa san miilli isaa gaara ejersaa ka Yerusaalem irraa gara aduun baatu jiru irra hin dhaabbata; gaarri ejersaa gara aduun baatu irraa haga gara aduun seentuu dhooqa guddo'oon addee lamatti hin qoodama; tanaaf gamisi gaaraa

* **14:2** *Hin gudeedan:* Yookiin hunnaan woliin hin rafa.

sanii gara kaabaa, gamisi gara kibbaatitti hin hiiqa.

5 Isin dhooqa gaara addee lamatti qooddee
haga Azeelii geettu keessa hin baqattan; akkuma bara Uziyaa mootii Yihuda'aa, abbootiin teessan tacho'a lafaa jalaa baqatte, isinille hin baqattan. Mootiin Waan Maraa Waaqi kiyya, ergantoota ifii duudii woliin hin dhufa.

6 Guyyaa san ifi, boojjiin yookiin qorri hin jiraatu.
7 Guyyaan adda te'e, ka guyyaa yookiin galgala
hin qanne, ka Mootii Waan Maraatiin beekkame tokko hin ite'a. Yennaa galgaloottu, ifi hin te'a.

8 Guyyaa san bisaan jiru'uu Yerusaalem keessaa
hin burqa; gamisi isaa gara abbaayaa aduun baatuu, gamisi gara abbaayaa Mediteraaniya'aa, bonaa fi ganna hin yaa'a.
9 Yennaa san Mootiin Waan Maraa biyya lafaa
duudii irratti mootii hin te'a; gaafas nami duudiin Mootiin Waan Maraa isa qofa akka te'e hin dhugeeffatan; maqaa isaa qofa waammatan.

10 Latti duudiin Gebaa gara kaabaa irraa,
haga Rimoonii gara kibbaatitti dirree hin teeti. Qachaan Yerusaalemii ammoo, karra Beniyaaminii irraa kaasee, karaa karra duriitiin haga karra roga dalleyaa, akkasuma xelleephoo dhaka'aa ta Hanaani'elii irraa haga addee daadhii woynii mootichaa itti cunfanuutitti, ol ka'ee addee ifiititti hin hafa.
11 Kolbaan Yerusaalem keessa hin leeti; ha-
ganaa achi Yerusaalem deebitee hin baddu; kolbaan bidhaa malee leeti.

12 Mootiin Waan Maraa gosa biyya adda addaa
ta Yerusaalem loliisaaf kaatu irratti dhukkuba
balaa hin fida. Adoo dhaabbataneeranuu foon
isaanii hin shama; ilti isaaniitii fi arrabi isaanii
hin shama.
13 Yennaa san Mootiin Waan Maraa waan
guddoo naasisu isaanitti hin fida; nami tokko
tokkonuu harkaan wol qabee, wol hin lola.
14 Worri Yihuda'aa Yerusaalemiif rogee hin
lolan. Karri gosa biyya adda addaa ta adaala
sanii duudiin worqiin hedduun, meetii heddu'uu
fi woyaan hedduun wolitti hin qabaman.
15 Dhukkubi balaan sun ammalle fardoo,
gaangee, gaalaa fi harree, horii addee quttumaa
diinaa jiru duudii irratti hin bu'a.
16 Achiin duuba gosi biyya adda addaa, ka
Yerusaalem lolane keessaa worri jiru'uun hafe
duudiin, wogguma wogga'aan Mootii Waan
Maraa Ka Waan Mara Dade waaqonfatiisaaf,
jila gose'eelle jilifatiisaaf gara Yerusaalemii ol hin
bayan.
17 Gosa biyya adda addaa keessaa, Mootii Waan
Maraa Ka Waan Mara Dade mooticha waaqon-
fatiisaaf, gara Yerusaalemii ka ol hin baaneef,
bokkeenni hin roobu.
18 Worri Gibxi'iille jila san jilifatiisaaf gara
Yerusaalemii yoo ol hin bayin, bokkeya hin dhag-
gatanu; Mootiin Waan Maraa dhukkuba balaa, ka
gosa biyya adda addaa ta gara Yerusaalemii ol
baatee, jila gose'ee jilifatuu didde irratti fide san,
isaan irralle'etti hin fida.
19 Adabbiin worra Gibxi'iitii fi gosa biyya adda
addaa, ka ol bayanee jila gose'ee jilifatiisa didanu
duudii irratti dhuttu tana.

20 Guyyaa san bilbila morma fardo'oo irratti, «Mootii Waan Maraatiif ka woyyoome» jedhamee hin barreeffama. Okkoteen Galma Waaqaa keessatti itti iffeelatanu akka qorii addee ciinca'aa irraatitti hin woyyoonti.
21 Okkoteen itti iffeelatanu ta Yerusaalem keessaatii fi Yihudaa keessaa duudiin, Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadeef ta woyyoonte hin teeti. Worri ciincaa dhikeessiisaaf dhufu duudiin, foon ciinca'aa itti hin iffeelan. Yennaa san Galma Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dadee keessatti, nami daldalu tokkolle hin jiraatu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e